# Namni Subhaanallaah Wobihamdih, guyyaa keessa yeroo dhibba tokko jedhe, akka oomacha bahraa yoo ta'ellee badiin isaa isarraa haqamti

Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: «Namni Subhaanallaah Wobihamdih, guyyaa keessa yeroo dhibba tokko jedhe, akka oomacha bahraa yoo ta'ellee badiin isaa isarraa haqamti».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni guyyaa tokko keessatti yeroo dhibba tokko «Subhaan Allaah Wobihamdih» jedhe, badiin isaa isa irraa haqamtee akka isaaf dhiifamtu himani, osoma akka oomacha adii yeroo guuboon ka'u bahra irratti ol ta'uutti yoo heddummatellee.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee